# Qajeelfama Fooyya'e: Firoottan/Aantee keessan kanneen Kunuunsaa Yeroo Dheeraa Keessa Jiran Daawwachuu: Barruu

[Muzikaa nama bohaarsu]

*[Barreeffama Iskriiniirraa] Qajeelfama fooyya'e: Antee/Firoottan keessan kanneen kunuunsaa yeroo dheerra keessa jiran daawwachuu*

[Maria] Akkam jirtu maqaan koo Maariyaa jedhama Qajeelcha Fayyaa Minnesota irraa ti.

Qajeelfama dawwannaa fooyya'e isin Antee/Firoota keessan dhaabbilee kunuunsaa yeroo dheeraa keessa jiran ilaaluu akkasumas hammachuu haala ittiin dandeessan waliin ilaalla.

Talaalliiwwan dhibee COVID-19 fi dhukkubichi hir'achuun isaa daawwannaa jiraattota kunuunsa yeroo dheeraa maatii fi hiriyoota isaanii waliin walitti fiduuf akka danda'amu taasiseera.

*[Barreeffama Iskriiniirraa] Akkamittii fi yoom fira/Aantee keessan daawwachuu akka dandeessan irratti odeeffannoo haaraa argachuuf mana jireenya isaaniitti bilbilaa.*

[Maria] Akkamittii fi yoom fira keessan daawwachuu akka dandeessan irratti odeeffannoo haaraa argachuuf mana jireenya isaaniitti bilbilaa.

Jiraattoonni yeroo dheeraa amma namoota biroo waliin waliti qabamuu ni danda'u akkasumas jiraattonni guutummaatti talaalaman amma dawwattoota isaanii hammachuu ni danda'u Jiraattonnii fi daawwattooni isaanii dawwannaan duraa fi booddee maaskii afaanii fi funyaanii kaawwachuu fi harka isaanii dhiqachuu mirkaneessuu qabu.

Daawwannaawwan mana kessaa yoo heeyyamaman iyyuu, daawwannaawwan manaan alaa yoo danda'ame ammallee ni filatamu, sababiin isaas miidhaa tatamsa'ina dhibee COVID-19 xiqqeessa waan ta'eef.

Dandeeettiin daawwattoota qabaachuu dhaabbata kunuunsa yeroo dheeraa jijjiiramuu ni danda'a kanaafuu daawwattoonni odeeffannoo dabalataa baruuf daawwannaa isaaniitiin dura bilbiluu qabu.

*[Nagaan Turaa MN Asxaa fi walqunnamsiisa/ liinkii [https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/hcp/ltc.html](https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/hcp/ltc.html)]*

[Muzikaa nama bohaarsu]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

3/30/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kan bifa filatamaa filannoo biraan argachuuf lakk.: 651-201-4989 Bilbilaa*